September 2021, Oromo

Talaallii farra vaayirasii koroonaa
– Spikevax (Moderna)

Odeeffannoo yoo talaallii kana fudhachuu carraa argattee.

Vaayiresiin-koronaa haarawni dhibee sirna hargansuu kan fidudha. Namootni baay'een mallattolee cimoo hin taane agarsiisu yookaan ammoo mallattoo kamiyyu hin agarsiisan, garuu namootni muraasni haala cimaan tarii dhukkubsachuu danda'u. Namootni dulloomoon, akkasumas durumayyu namootni dhukkuboota kanneen biroo tokko tokko qaban dhibee haala olaanaadhaaf yookiin du'aaf ni saaxilamu. Talaalliin vaayiresii-koronaa dhibee COVID-19 ittisa . Kaayyoon ijoon jireenyaa fi fayyaa eeguufidha.

Eenyuutuu vaayirasii koroonaa kanaan qabamuu danda'a

- Talaalliin vaayirasii koroonaa karaa sagantaa madineessummaa biyyaalessaa kan talaallii kana akka fudhataniif eeraman yeroo dabareen isaanii gahutti ni fudhatu.
- Talaalliin kuni tolaa fi bilisa. Namoota Noorway keessa jiraataniif tolaan kennama.

Akkamiin talaallii argadha.

Odeeffannoo waa'ee talaallii eenyuuf akka dhi'eessamaa jiru, talaallichi akkamiin akka qindeessamaa jiru fi yoom akka raawwatamu ilaalchisee toora marsariitii bulchiinsa magaalaa keetii caqasi.

Talaalliin akkamiin kennama?

Talaalliin karaa irree kee gama olii waraannachuudhan kennama. Talaallicha dura, maaltu akka sitti dhaga'amu fi talaalliiwwan kan a dura fudhatteef deebisaa akkamii akka kennaa turte ni gaafatamta. Talaallii COVID-19 kana dura fudhatteetta yoo ta'e jechuu kee hin d agatin, ulfa yoo taate, alarjikii yoo qabaatte, dawaa fayyadamta yoo ta'e yookan rakkina fayyaa kan biraa qabaatta yoo ta'e himi. Hamma fudhattuu fi dabaree ittiin fudhattuuf kan garee keetiitif qajeelfama hordofi. Jiddugalli talaallii kanaan si gargaara. Dawaa siif kennamu yeroo isaatti fudhachuun barbaachisaadha. Dhukkubbii olaanaa fi ho'isa-qaamaa 38 °C irratti kittibaatii tursuun waan baratamaadha.Kittibaaticha erga fudhatteen booda, daqiiqaa 20 'f akka turtuuf ni gaaffatamta.

Talaalliin kuni akkamiin hojjata?

Talaalliin vaayirasii koroonaa qolachuuf of keessaa fudhattuu ergaa (messenger RNA) qaba. aamni koppiiwwan quboota kanneenii kan miidhaa hin qaqqabsiisne kan sirni ittisa_qaamaa irratti shaakaluu danda'u oomisha. Karaa akkanaatiinis, sirni ittisa-qaamaa qubawwan vaayiresicha-koronaa hubachuu barata akkasumas qaamni vaayiresichaan yoo qabame qaamicharraa ittisa. Messenger RNA 'n qaamaan atattamaan ni caccaba akkasumas waantota jenetikii irratti dhiibbaa hin qabu.

Talaallichi vaayirasii jiraataa of keessaa hin qabu akkasumas COVID-19 fiduu hin danda'u. Talaalliin vaayirasii koroonaa dhukkubicha ittisuuf hojjata. Dhukkuba adeemaa jiru hin fayyisu.

Malli akkasiin kittibaatii tolchuu kun namarratti dhukkuboota daddarbootiif kanaan dura itti hin fayyadamamne, garuu teekinolojichi beekamaadha akkasumas waldhaansa kaanserii keessatti itti fayyadamameera.

FHI

Vaayirasichi hangam takka hojjachuu danda'a?

Vaksinen beskytter mot sykdom som skyldes det nye koronaviruset. Beskyttelsen mot *alvorlig* sykdom er høy etter både første og andre dose. To doser er nødvendig for å få god beskyttelse mot å bli *smittet* med koronaviruset. Foreløpig vet vi ikke hvor lenge beskyttelsen varer. Dersom beskyttelsen avtar over tid, kan det bli aktuelt med oppfriskningsdoser. Vaksinene beskytter ikke fullstendig mot å smitte videre. Derfor er det viktig å fortsatt følge gjeldende smittevernråd.

Miidhaawwan masoo

Miidhaawwan masoo baayyeen talaallii booda guyyoota muraasa booda mul'ata. Talaalliin vaayirasii koroonaa talaalliiwwan karaa biroo caalaa miidhaa masoo hedduu qaba. Mallattoowan xiqqaa irraa hanga jiddugaleessaatti guyyoota muraasa keessatti kan badaniitidha, garuu muraasni baayyee cimaa ta'u. Namootni xixiqqoon namoota ga'eeyyii caalaa miidhaa masoo baayyee agarsiisu.

Namootni kattabaman irra-jireeyyiin isaanii iddoo waraannannatti dhukkubbii gabaasan. Miidhaaleen cinaan baratamoon kanneen biroon kan hammatu dadhabbii, mata-bowwuu, dhukkubbiiwwan maashaa, dhaamochawwan, dhukkubiiwwan buusaa-qaamaa fi ho'ina_qaamaa. Miidhaaleen cinaa kunniin doozii 2 'ffaatiin booda irra-caalaatti baratamoodha.

Miidhaawwan masoo ulfaatoon muraasa. Miidhaawwan masoo darbanii darbanii mul'atan ciccimoon faalama onnee (myocarditis and pericarditis) faadha. Fudhannaa 2 booda namoota dulloomoo otoo hin ta'iin ga'eessota fi daa'imman irratti caalmaatti baratamoodha. Miidhaawwan masoo beekkamoon kanneen akka alarjikii cimaa fi infilaameeshinii onnee cimaan yoo mudatanis ni yaalamu. Miidhaawwan masoo beekkamoo hin taane yookan miidaawwan masoo erga talaalliitii yeroo dheraa booda hin jiran jechuu hin dandeenyu,

Miidhaan masoo yoo na muudate maal haa godhu.

Mallattooleen hin eegamiin, cimoo yookiin kan sirra turan kanneen tarii sababii kittibaatichaati jettee yaaddu yoo si mudaate, qorannoo fi gorsaaf ogeessa-fayyaa kee yookiin hojjetaa kunuunsa-fayyaa kan biraa qunnami. Kuni ati itti amantes yookan dhiistees yookan sababa talaalliitinis dhiisus mala. Hojjettootni kunuunsa-fayyaa dhiibbaawwan cimoo yookiin hin eegamiin kanneen sababii kittibaatichaati jedhanii yaadan kamiyyu gabaasuudhaaf itti-gaaffatamoodha. Yookan immoo karaa helsenorge.no odeeffannoo ati erguu ni dandeessa.

Raggaasifama yeroofii.

Talaalliin vaayiresii-koronaa kun qorannoowwan gurguddaa kan namootni kumaatama hedduun lakkaa'aman keessatti kittibaaticha fudhataniin kan qu'atamaa turedha. Qorannoowwan kunniin akkaatuma kittibaatiiwwan kanneen biroon ittiin qoratamaniin kan geggeeffamedha, garuu yeroon ilaalcha-qu'annoo gabaabaadha Aangootiin qajeelcha-qorichaa raggaasifama yeroofii kittibaatichaaf kennanii jiru. Isa kana jechuunis faayidaan kittibaatichaa haala olaanaan miidhaasaarra akka caalu qu'achuudhaaf odeeffannoon ga'aan ni jira, garuu oomishaan kittibaatichaa qorannoowwan itti fufuu akka qabuu fi yommuu isaan argaman itti fufinsaan odeeffannoo aangootii qajeelcha qorichaatiif dhiyeessuu akka qabudha.

Talaallii kamiin fudhadhe?

Ati yommuu kittibaatii vaayiresii-koronaa fudhattee jirtu, kun Galmee Talaallii Noorwey (Norwegian Immunisation Registry), SYSVAK keessatti kan galmeeffamu ta'a. Karaa helsenorge.no argachuu ni dandeessa.

Caalmaatti barachuu barbaaddaa?

Maaloo haakimni kee yookiin hojjetaa kunuunsa-fayyaa kan biraa toora marsaritii Dhaabbata Fayyaa Noorwey (Norwegian Institute of Health's) fhi.no/cip. irratti akka daawwatu gaafadhu.

FHI